Qo'annoo Macaafa Ququlluu kutaa 12 ffaa

SEERA KEESSADEEBII

Seensa: Waaqayyo sabni isaa yeroo biyya kakuu isaanii sana galan waanta gochuu qabni eessatt aarsaa dhiyeessu akka qaban maal dhiyeessuu akka qaban maal diiguu akka qaban waanta gochuu qabanii fi gochuu hin qabne seera kennaaf seera kana irrattis dabaluus ta'e hir'isuu akka hin qabne isanitti dubbata.

Mata-duree: Iddoo isa Waaqayyo foo'ate

BOQONNAA 12: 1-32 Dubbifadhu

GAAFFIILEE MAREE

1. Israa'eelonni aarsaa yookiin kennaa bakka kamitti Waaqayyoodhaaf dhiyeessu? A/ Mana isaanii keessatti, B/ Magaalaa isaanii keessatti, C/Bakka Waaqayyo filate, D/ Bakka barbaadan hundumaatti.
2. Isra'elonni Waaqayyoof maal fidanii akka dhufan gaafataman? A/ Wareega B/ Kennaa fhedhaan kennamu , C/ horii keessaa angafa kan dhalatu, D/ Kudhan keessaatokko (Kurnoo), E/ Hundumaa
3. Bakka waaqayyo itti waaqeffamu yeroo deeman achitti, A/ Ni gammadu B/ Ni nyaatu ni dhugu, C/ Waaqayyoof haaraa dhiyeessu, D/ hundumaa
4. Waaqolii tolfamoo yookiin waaqolii ormaa kana maal godhaa jedhaman, A/ caccabsaa balleessaa, B/ Waaqeffadhaa, C, Ibiddaan gubaa, D, A fi C sirriidha
5. Waaqoliin tolfamoon kun bakka kamitti argamu, yookaan eessattis waaqefamu A/ tulluu dhedheeraa irra, B/ gaara irra, C/ Muka baala qabu hundumaa jala, D, hunduu ni ta'a
6. Cubbuun inni ciigasisaan kan namoota biyya kana'aan keessa jiraachaa turan isa kam ture? A/ Biyya kan'aan gadhiisuu diduu, B/ Ijoollee isaanii aarsaa godhanii ibiddaan gubu, C/ saba waaqayyoo wajjin wal lolu,
7. Israa'elonni akka hin nyaanne kan dhowaaman? A/ Damma, B aannan, C, Dhiiga, D/Foon
8. Seerra Waaqayyotti hin dabalin irraas hin hir'isin, A/ dhugaa B/Soba
9. Boqonnaan 12 kun seeraawwan 10 (boqonaa 5: 6-21) duraan kennama keessa isa kami irratti cimisee dubbata ? A/ Waaqayyo malee waaqa kan biraa hin waaqeffatin isa jedhu B/ Maqaa waaqayyoo akasumaan hin waamin isa jedhu, C/ Guyyaa sanbataa qulleessi isa jedhu, D/ Haadhaa fi abbaa kee kabaji kan jdhu
10. Isra'elonni bor waaqa tolfamaa warra biyya sanaa ni balleessu moo ni waaqessu jettanii yaaddu?_____

Gaaffii addaa?

11. Mootota saba waqayyoo ta'an keessa namoota lama kan Waaqa tolfamaa dha ijoollee isaanii aarsaa godhanii dhiyeessan lama maqaa isaanii beektuu? _____ fi _____

(Macaafa Moototaa isa lammaffaa 16:3 Fi 21:6 irraa argattu)